EEGUMSA FAYYAA

Baqattoota kunuunsa fayyaa barbaadaniif, maaloo Waldaa Ji'a Diimaa Qaxar sarara gargaarsaa isaaniitiin qunnamaa. Waldayni Ji'a Diimaa Qaxar Sana'a keessatti buufata fayyaa lama kan gaggeessu yoo ta'u, baqataan ykn koolugalaan kamiyyuu kallattiin buufata fayyaa kanneen keessaa tokko dhaquu ni danda'a.

Waldaa Ji'a Diimaa Qaxar – Sana'a

(1)Buufata Fayyaa Al-Rahabi,
Ganda Al-Safia, naannoo Al-Haraj cinaa
(2)Buufata Fayyaa Al-Haafii,
Naannoo Kafji

hotline.qrcs@gmail.com

Sarara ho'aa yeroo ariifachiisa:
776100160 (24/7)
Ambulaansii: 776 100 170
Sarara ho'aa 2: 776 100 188
Sarara ho'aa 3: 771 149 233

Dilbata(Al-Hada) – Roobii(Arbaa)
8:00 WD - 2:00WB
Kamisa
8:00 WD - 1:00 WB

Sarara ho'aa bilisaa: 800 0077
Sanbata(Sabti) – Roobii (Arbaa)
8:00WD - 2:00 WB
Kamisa
8:00WD - 1:00 WB

UNHCR namoota roorroo jalaa baqachuuf dirqaman keessattuu baqattootaa fi koolu galtoota addatti saaxilamoo ta'an eeguu fi gargaaruuf michoota fi hawaasa waliin ta'uun hojjeta. Hojiin UNHCR inni jalqabaa mirgaa fi nageenya baqattootaa fi koolu galtoota eeguu fi furmaata waaraa mirkaneessuudha.

Odeeffannoo dabalataaf, maaloo sarara ho'aa UNHCR kan armaan gadii kana irratti bilbilaa.

Komishinara Ol'aanaa Dhimma Baqattootaa Dhaabbata Biyyoota Gamtoomanii

Daandii Hamdi Asker, Lakkoofsa
Gamoo 36, Hadda, Sana'a, Yaman

yemsaprt@unhcr.org

712 225 038
Dilbata(Al-Hada) – Roobii(Arbaa)
8:00 WD - 4:00 WB
Kamisa
8:00 WD - 2:30 WB

TAJAAJILOOTNI UNHCR FI SHARIIKOOWWAN ISHEE KENNAN MARTINUU KAFFALTII IRRAA BILISA

UNHCR
The UN Refugee Agency

ODEEFFANNOO BAQATTOOTAAFI KOOLU GALTOOTAAF

YEMEN - GODINAALEE KAABAA

EEGUMSA NAMOOTA FEDHII ADDAA QABANIIF

Ga'eessota baqattoota tajaajila eegumsa waliigalaa barbaadaniif, maaloo Jaarmaya Misooma Itti Fufiinsa Qabu, kan Afaan Ingiliffaa "Sustainable Development Foundation jedhamuun beekamu qunnamaa:

Naannoo Siyaasaa, Daandii Abubakar, Mana Barumsaa Raaymaan cinaa

cfm@fmfyemen.org

739 255 512
Dilbata (Al-Hada)
Kamisa
8:00 WD - 3:30 WB

EEGUMSA DAA'IMMANII

Daa'imman deeggarsa barbaadaniif, maaloo Jaarmaya Misooma Itti Fufiinsa Qabu, kan Afaan Ingiliffaa "Sustainable Development Foundation jedhamuun beekamu qunnamaa:

Naannoo Siyaasaa, Daandii Abubakar, Kaaffee Uraanos cinaa

ethics@sdfyemen.org

739 255 512
Guyyaatti sa'aatii 24
Torbanitti guyyaa 7

BARUMSA

Daa'imman baqattootaa fi koolu galtootaa hundi barnoota sadarkaa tokkoffaa fi lammaffaa bilisaan argachuuf mirga kan qaban yoo ta'u, sanadoota galmeedhaaf barbaachisan hunda yoo qabaatan manneen barnootaa mootummaatti galmaa'uu ni danda'u. Odeeffannoo dabalataaf, maaloo Jaarmaya Misooma Al-Awn qunnamaa:

Sarara Gargaarsaa: 781 266 310
Dilbata (Al-Hada)
Kamisa, 8:00WD – 4:00WB

AMALA GADHEE LAKKI JEDHU

GALMEE

Giddugalli Galmee Biiroo Dhimma Baqattootaa koolu galtoota fi baqattoota Sana'aatti galmaa'aniif sanadoota isaanii haala idilee taheefi kaffaltii irraa bilisa taheen haaromsa.

Sanada koolu galtummaa/baqattummaa haaromfame/yeroo isaa eeggate qabachuun akka koolu galatti ykn baqatatti Yemen keessatti eegumsa keetiif barbaachisaa dha, akkasumas tajaajila UNHCR fi aangawoota biyyaalessaan kennaman akka argattu haala siif mijeessa.

Mooraa Abbaa Taayitaa Immigireeshinii, Paaspoortii fi Lammummaa, Aanaa Sabi'in, Daandii Kawlan, Magaalaa Sana'a.

GARGAARSA SEERAA

Gorsi seeraa fi tajaajilli mangudummaa (jidduu seenummaan) kan kennamu sharika UNHCR kan ta'e Al-Dar Al-Arabiyani. Bakka bu'ummaan seeraa kan kennamu dhimmoota adda ta'an qofaafi.

Daandii Haddaa, Abbaa Taayitaa Invastimantii Waliigalaa fuulduratti

complaint@aldar.law

738 326 326
Guyyaatti sa'aatii 24
Torbanitti guyyaa 7

UNHCR waa'ee gargaarsaa fi tajaajila ilaalchisee murtii yeroo kennu baqattootaa fi koolu galtoota gidduutti garaagarummaa hin godhu.

Tajaajilootni UNHCR fi michoota isaatiin kennaman hundi **kaffaltii malee** akka ta'an yaadadhu.

Yoo ati ykn namni biraa kamiyyuu hojjetaa namoomaatiin miidhaan akka irra gahe sitti dhagahame: xiqqo dhaabbadhu, gadi fageenyaan yaadi, NAMA kana irraa xiqqo siqi, ergasii taatee kana gara: inspector@unhcr.org tti gabaasi.

MADAALLII HAWAAS-DIINAGDEE

Baqattoota madaallii hawaas-dinagdee, kan gargaarsa maallaqaa fi/ykn deeggarsa dhuunfaa fiduu danda'u, barbaadaniif, maaloo Jaarmaya Daandii Nageenyaa Nagaa fi Misoomaa, kan Afaan Ingiliffaa "Safe Road for Peace and Development" jedhamuun beekamu qunnamaa.

Daandii Aljeers,
garaaja Niisaan duuba

complaints@saferoad-ye.org

730 429 211
730 429 311
Dilbata (Al-Hada)
Roobii(Arbaa) 8:30 WD – 4:30 WB
Kamisa: 8:30 WD - 2:00 WB

Maaloo ulaagaan gargaarsaa haala kee kan adda ta'e irratti hundaa'uun dhimmi tokko tokkon kan murtaa'u ta'uu isaa hubadhu.

TOOFTAALEE JIRUUFI JIREENYAA

Baqattoota leenjii ogummaa yeroo gabaabaa, leenjii hojii fi leenjii ogummaa (dareelee Afaan Arabaa, Ingiliffaa, fi Kompiitaraa) barbaadaniif, maaloo Jaarmaya Namaa Faayinaansii Xixiqqaa fi Xiqqaa qunnamaa.

Daandii Aljeers,
garaaja Niisaan duuba

npc@namay.net

779 997 350
738 437 676
8:00 WD – 6:00 WB
Torbanitti guyyaa 7